STAY SAFE MN

Gidduutti Dhaabbachuu Talaallii COVID-19 Johnson & Johnson: Waan Isin Beekuu Qabdan

Talaalliin COVID-19 Johnson & Johnson namoota umuriin isaanii 18 fi isaa ol ta’aniif akka kennamu gorfama. COVID-19 akka isin irraa ittisuuf hamma fudhannaa (doozii) talaallii Johnson & Johnson tokko qofa fudhachuu isin barbaachisa.

Waa'ee gidduutti dhaabbachuu isaa

Rakkoo kantaruu dhiigaa akkaataa itti baranii fi wal'aanan baruuf itti fayyadamni talaallii Johnson & Johnson gidduutti dhaabbate. Yeroo inni dhaabbate keessatti, ogeessonni wal'aansaa odeeffannoo talaallii qorachuudhaan faayidaan talaallii kanaa miidhaa isaa isa baay'ee xiqqoo akka caalu baruu danda'aniiru. Rakkoon kantarrii dhiigaa kan wal'aanamuu danda'udha, garuu doktoroonni akkaataa itti mirkaneeffatan, gabaasanii fi akkaataa itti wal'aanan beekuu qabu.

Talaallii Johnson & Johnson fudhadhu

- Dubartootni, keessumaa warri umuriin isaanii waggaa 50 gadii, rakkoo mallattoolee kantarrii dhiigaa isaan mudachuu malan beekuun isaanii barbaacisaadha. Talaallii keessan booda torbeewwan sadiif, wantoota kanniin ofirra barbaadaa:

- Hafuura kutaa
- Waraansa laphee
- Dhiita miillaa
- Waraansa garaa/garaachaa namarraa hin deemne/nama hin dhiisne

- Mataa bowwoo hamaa ykn dhukkubbii mataa namarraa hindeemne/nama hin dhiisne
- Iji namaa qulleessee arguu dadhabuu
- Bakkee talaallii gararraatti gogaa jalaan xof xof jechuu ykn gogaan diimachuu/ gurraacha'uu

- Mallattooleen kunniin yoo isinirratti mul'atan, gara kutaa yaala yeroo hatattamaa ykn kunuunsa hatattamaa deemaa. Talaallii Johnson & Johnson dhiyeenya kana fudhachuu keessan dhiyeessaa kunuunsa fayyaa keessanitti himaa.
- Mallattooleen kunniin mul'achuuf yeroo dheeraa isaanitti fudhata, akkasumas miidhaawwan maddee, kanneen talaallii booda guyyaa tokko ykn lama booda mul'atanii guyyoota muraasa qofaaf namarra turan caalaa hanga tokko illee ni cimu.

Talaallii Johnson & Johnson ji'a tokko dura fudhattanii turtan yoo ta'e, haalli kun waan isinirratti mul'atu hinfakkaatu.

Hawaasni hundi talaallii COVID-19 hunda argachuu ni danda'a

Jiraattoti Menesootaa hundi talaallii barbaadan filatanii fudhachuu danda’u.

Hawaasonni hundi bakkeewwan talaallii garaagaraa hedduutti talaalliiwwan sadan isaanii argachuu danda'u. Kilinika talaalliitti talaalliin bifa kamii akka kennamu gaafachuuf yeroo hunda sarara kallattii irratti ilaaluu ykn bilbiluu ni dandeessu.

Miidhaawwanii fi bu'aawwan

Bu'aawwan talaallii Johnson & Johnson miidhaawwan isaa isa baay'ee xiqqoo ni caala.

Miidhaa: Dubartootni umuriin isaanii waggaa 50 gadi ta'edhimma balaa rakkoo kantaruu dhiigaa hanga tokko guddatu quba qabaachuu qabu. Balaan kun dubartoota umuriin isaanii waggaa 50 ol ta'ee fi dhiirota umurii hunda keessa jiran irratti carraan mul'achuu isaa baay'ee xiqqoodha.

Bu'aawwan: Talaalliin Johnson & Johnson dhibeewwan hamoo, mana yaalaa seenuu, akkasumas du'a COVID-19n dhufu ittisuudhaaf baay'ee gaariidha. Ittisa guutuu argachuuf hammi fudhannaa (dooziin) tokko qofti ga'aadha. Talaalliin kun weerara COVID-19 dhaabuuf meeshaa gargaarudha.

Miidhaa-dhabeessummaa talaallichaa

Johnson & Johnson dabalatee Talaalliiwwan COVID-19 sababa gargaarsa maallaqaa fi leecalloowwaniitiif, akkasumas sababa qorannoo kanaan duraa irraa kan ka'e hatattamaan qopheeffaman. Tartiibonni miidhaa isaa ittiin ilaalan irra utaalamuu dhiisuu isaa beekuun barbaachisaadha. Talaalliiwwan COVID-19 miidhaa dhabeeyyii fi bu'a-qabeeyyii ta'an qabaachuun dhimma xiyyeeffannoo guddaan kennamuufii qabudha. Qorattoonni wal'aansaa talaalliiwwan sunniin itti fayyadamaaf osoo hinmirkaneeffamin dura odeeffannoon qorannoo talaallii miidhaa dhabeessummaa fi bu'a-qabeessummaa isaanii agarsiisuu isaa mirkaneeffachuu qabu.

- Talaalliiwwan COVID-19 hundi isaanii erga To'annaa Nyaataa fi Qorichaatiin hayyamamanii booda miidhaa-dhabeessummaa isaanii to'achuuf aangawootni fayyaa tooftaalee garaagaraa hedduu fayyadamu.
- Tooftaaleen kunniin miidhaawwan maddii, kanneen carraan mul'achuu isaanii baay'ee xiqqoo waan ta'eef yeroo yaalii qorannoo dhukkubsattootarrattii hin argamin, adda baafachuu ni danda'u.
- Ogeessonni rakkoolee miidhaa-qabeessummaa kamuu gamaaggamanii furmaata barbaaduufii danda'u.

Namoonni yeroo carraa isaa argatanitti akka isaan talaalaman gorsina. Talaalliiwwan COVID-19 hundi dhibeewwan COVID-19, keessumaa dhukkubbii hamaa fi du'a ittisuuf akka gargaaran ogeessonni itti waliigalu.

Gaaffii qabduu?

Gaaffiiwwan talaallii yoo qabaattan wantoota isin gochuu qabdan inni baay'ee gaariin ogeessa kunuunsa fayyaa keessan ykn dhiyeessaa kunuunsa fayyaa biroo mari'achiisuudha. Isaan odeeffannoo isinii qooduu fi odeeffannoo sana haala qabatamaa jireenyaa keessanii fi haalota naannoo keessanii keessatti akka ilaaltaniif isin gargaaruu danda'u. Talaalliin Johnson & Johnson isiniif hinta'u yoo ta'e, filannoowwan talaallii COVID-19 biroon, kanneen rakkoon itituu dhiigaa irratti hin argamin jiru.

MINNESOTA

mn.gov/vaccine

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 651-201-5000 | 625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975
Bifa biraan gaafachuuf health.communications@state.mn.us quunnamaa. (Oromo)

5/28/2021